



Core
Humanitarian
Standard

SADARKA NAMOOMAA (CHS)

Maxxansa: 24



© Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame. Istaandardiin Namoomaa Ijoo Qulqullinaa fi Itti Gaafatamummaa (CHS) istaandaardii banaa yoo ta'u, qooda fudhattoonni hamma danda'ametti akka itti fayyadaman jajjabeeffamaadha.

Mirga waraabbii meeshaa kanaa kan qaban Garee CHS Alliance, URD fi Sphere dha. Qaamoleen mirga waraabbii qopheessuu qaban kaayyoo barnoota akka leenjii, qorannoo fi sagantaalee CHS dhan beekamtii argataniif baay'isuu ni danda'u, CHS hunda ykn kutaa kamiyyuu hiikuuf hayyama barreeffamaa iimeelii chs@chsalliance.org ergamu argachuun dirqama.

Gabatee Qabiyyee

Seensa 02

Waadaa Galanii Sagal 04

Namootaa fi hawaasni haala rakkoo fi saaxilamummaa keessa jiran...

1. Mirga isaaniitti fayyadamuu fi gochaa fi murtii isaan ilaallatu irratti hirmaachuu ni danda’u 06
 2. Akkaataa fedhii addaa fi tartiiban deeggarsaan gargarsa yeroo isaa eeggate fi bu’a qabeessa ta’e argachuu. 07
 3. Rakkoo isaan muudachuu danda’uuf Haala gaariin qophaa’uu fi caalaatti damdamachuu qabu 08
 4. Deeggarsa namoota ykn naannoo irratti miidhaa hin geessisne argachuu. 09
 5. Yaaddoo fi komii karaa nagaan gabaasuu mirga odeeffanno argachuu. 10
 6. Deeggarsa dabalataa fi qindoomina qabuu argachuu 11
 7. Deeggarsa Aada fi barumsa irratti hundaa’ee ta’ee itti fufiinsaan kennamu fi fooyya’a argachuu 12
 8. Hojjettootaa fi tola ooltota gahumsa qabaniif fi amala gaarii qaban waliin walqunnamuu 13
 9. Qabeenyi naamusaan fi itti gaafatamummaadhaan akka hoogganamu tasisuu 14
-

Galmee jechootaa 16

Sadarkaa Qulqullinaa fi Itti Gaafatamummaa Namoomaa (CHS) kutannolee sagal kan qabu yoo ta’u dhaabbileen namootaa fi hawaasa rakkoof saaxilamummaan fi miidhaman karaa mirgaa fi kabaja isaanii eggeen akka deeggaran gochuu fi rakkoo isaan mudataniif furmaata barbaaduu keessatti gahee isaanii isa jalqabaa akka guddisan taasisa.

CHS sadarkaa addunyaatti beekamtii kan qabuu fi ilaalcha keessa kan galuu danda’uudha. Dhaabbani kun haqa qabeessaa fi tumsaa namootaa fi hawaasaa fi qaamoota isaan deeggaruuf hojjetan gidduutti hariiroo jiru ni jajjabeessa. Madaallii aangoo dhabuu furuuf karooran kan hojjetuudha. Namoota dhuunfaan ykn gamtaan namootaa fi hawaasa deeggaruuf hojjetan hundaaf baay’ee barbaachisaa fi raawwatiinsa kan qabuudha. Isaan armaan gadii buu’uura kan ta’aniidha:

- Namoonni fi hawaasni warra isaan deeggaran akka qabataniif itti gaafatamummaa fudhachuuf
- Qulqullinaa fi itti gaafatamummaa dhaabbilee fi hojii isaanii fooyyessuu.
- Raawwii hojii dhaabbilee madaaluu fi mirkaneessuu fi imala barumsaa Kutannoo CHS galmaan ga’uuf godhan agarsiisuu.
- Qulqullinaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf tattaaffii waloo ni jajjabeessa.
-

CHSn seera namoomaa kan mirga namoomaa, looggumma malee hojjechuu, walabummaa fi hundaa ija tokkoon ilaaluu sadarkaa idil-addunyaatti waliigaltee irra ga’ame irratti hundaa’a. Chaartarii Namoomaa Sphere irratti kan ibsamee yoo ta’u, kunis mirga namoonni Jireenya argachuu, mirga deeggarsaa fi gargaarsa argachuu, akkasumas mirga eegumsaa fi nageenya argachuu kan ibsudha. CHS Istaandardii Xiqqaa Sphere fi istaandaardii biroo qaama Tumsa Istaandardii Namoomaa ta’an Dhaabbileen haala rakkoo namoomaa keessatti hojjetan waliin akka fayyadaman ni jajjabeessa.

CHSn itti gaafatamummaa jalqabaa mootummootaa fi qaamolee dhimmi ilaallatu biroo namoota rakkoon miidhaman eeguu fi deeggaruuf qaban ni beeka..



Kutannoowwan saglan kun namoonni fi hawaasni rakkoo saaxilamummaan kanneen isaan deeggaran irraa maal eegu akka danda’an ibsa. CHS dhaaf Waadaaleen hundi akkasumas qaamoleen hundi isaanii qaamolee barbaachisoodha. Tokkoon tokkoon waadaa yeroo namootaa fi hawaasa deeggaran ulaagaalee barbaasichoon hundi guutamuu isaa mirkaneessuuf maaltu hojjetamuu akka qabu kan ibsaniidha

CHS Hojiirra oolchuu

Kutannoowwan CHS saglan fi ulaagaalee waliin jiran akka milkaa’aniif dhaabbileen hojiirra oolmaa isaaf haala raawwachiisan hundi sirna barbaachisaa ta’e qabaachuu qabu.

Kunis sadarkaa fi hojii dhaabbatichaa hundatti aadaa qulqullinaa fi itti gaafatamummaa gatii jaarmiyaa, mala hojii fi mala keessoo, akkasumas qooda fudhattoota waliin walitti dhufeenya qabu hojiirra oolchuu fi agarsiisuu jechuudha. Maloonni hojii kun ergamaa fi gatii dhaabbatichaa, namootaa fi hawaasa fayyadamoo ta’an dabalatee haala inni ittin socho’u, maalummaa hojii isaa fi hariiroo qooda fudhattoota isaa waliin qabu irratti hundaa’uun garaagarummaa qabaata

Kutannoolee Saglan

Namootaa fi hawaasni haala rakkoo fi saaxilamummaa keessa jiran...



1

Mirga isaaniitti fayyadamuu fi gochaa fi murtii isaan ilaallatu irratti hirmaachuu ni danda'u



2

Akkaataa fedhii addaa fi Trartiba duraa dubaan deeggarsa yeroo fi bu'a qabeessa ta'e argachuu.



3

Haala gaariin kan qophaa'anii fi rakkoo mudachuu danda'an kan dandamatan ta'uu isaaniiti



4

Deeggarsa namootaa ykn naannoo irratti miidhaa hin geessisne argachuu.



5

Yaaddoo fi komii nagaan gabaasuu fi furmaata argachuu ni danda'a.



6

Deeggarsa qindoomina qabuu fi dabalataa argachuu.



7

Deeggarsa yaadaafi barumsa irratti hundaa'ee fi itti fufiinsaan kennaamu fi fooyya'u argachu



8

Hojjetootaa fi tola ooltota, gahumsa qabanii fi amala gaarii qaban waliin walqunnamuu.



9

Qabeenyi naamusaa fi itti gaafatamummaadhaan akka bulfamuu eeguu danda'a.



Kutannoolee fi Ulaagalee Barbaachisoo

Kutannoo 1

Namoonni fi hawaasni mirga isaaniitti fayyadamuu, gochaa fi murtii isaan ilaallatu irratti hirmaachuu ni danda’u.

Ulaagaalee:



1.1

Yaadonni adda addaa, kan akka walqixxummaa fi hammatamuu, hojii dhaabbatichi namootaa fi hawaasa waliin hojjetu keessatti akka hammataman gochuun xiyyeeffannoo warra baay’ee Miidhamoo ta’aniif akka kennamu taasisu

1.2

Itti gaafatamummaa dhaabbatichaa Yeroo yeroon odeeffannoo barbaachisaa fi si’ataa ta’e namootaa fi hawaasaaf qooduun, mirgoota Kutannoolee ka’amaniin walqabatan kabachiisuu.

1.3

Afaanota hubatamoo, haala kabajaa qabeessa ta’een, fi bifa salphaa ta’ee fi namootaa fi hawaasaaf mijatuun hojii qunnamtii hojechuu .

1.4

Murtii fi gochi irratti hirmaatan namootaaf hiika kan qabaniif fi akkaataa itti bobba’uu filataniin kan walsimu ta’uu isaani mirkaneessuu.

1.5

Qunnamtiin namootaa fi hawaasa bakka bu’u, kanneen abukaatummaa fi maallaqa walitti qabuuf oolan dabalatee, hayyama beekumtii qabu, sirrii, kabaja, naamusa kan qabuu fi sadarka isaa kan eegatee ta’uu qaba.

1.6

walqunnamtii fi hirmaannaa namootaa fi hawaasni raawwataan hiika qabeessa taasisuuf Odeeffannoo iftoomina qabu tamsaasuu, mala gurmaa’insaa gaarii diriirsuu fi murtoo isaan ilaallatu akka kennaniif haala mijeessuu.

Kutannoo 2

Namoonni fi hawaasni akkaataa fedhii addaa fi tartiba duraa dubaan deeggarsa yeroo fi bu'a qabeessa ta'e ni argatu.

Ulaagaalee:



2.1

Sagantaa beekumsa naannoo, dandeettii fi gochoota naannoo karoorsuu fi hojiirra oolchuu.

2.2

Sagantaawwanii fi namoota ykn gareewwan dhaabbatichaan deeggaraman ibsuuf ulaagaalee haqa qabeessa, loogii hin qabnee fi iftoomina qaban fayyadamuu.

2.3

Tarkaanfiiwwan yeroof fudhatama qabanii fi fedhii namootaa fi hawaasaa dursi kennanuf furuuf sagantaalee yeroo yeroon hordofuu fi sirreessuu.

2.4

Hojii dhaabbatichi namootaa fi hawaasa waliin hojjetu keessatti ulaagaalee teeknikaa barbaachisoo ta'anii fi muuxannoolee gagaarii hojiirra oolchuu.

2.5

Fedhii sadarka jalqabaan hin raawwatamne kamiyyuu qooda fudhattoota dhimmi ilaallatu ogummaa teeknikaa fi dandeettii furmaata kennuu qabanitti dabarsuu.

2.6

Deeggarsi haalaa aadaa fi dandeettii adda addaa, saaxilamummaa, fedhii fi balaa namootaa fi hawaasa mudatan irratti hundaa'uun, namoota baay'ee Midhamoo ta'aniif xiyyeeffannoo kennuudhaan, mala gurmaa'insaa walitti hidhame diriirsuu.

Kutannoo 3

Namoonni fi hawaasni haala gaariin qophaa'uun rakkoo mudachuu danda'u dandamachuu qabu.

Ulaagaalee:



3.1

Hoggansa hawaasaa idilee fi al-seerummaa fi tattaaffii naannootti durfamu dandamachuu namootaa fi hawaasaa cimsuuf taasifamu ni deeggara.

3.2

Dandeettii naannoo balaa rakkoo ykn balaa mudachuu danda'u tilmaamuun hir'isuuf deeggarsa.

3.3

Sagantaa jireenya namootaa, jireenya namootaa, dinagdee naannoo fi naannoo irratti dhiibbaa gaarii yeroo dheeraa fiduuf gumaachan karoorsuu fi hojiirra oolchuu.

3.4

Abbummaa qabeenya naannoo fi murtee kennuu jalqaba hojii namootaa fi hawaasa waliin ni deeggara.

3.5

Deeggarsi tarkaanfiiwwanii fi murtee kennuu naannootti hogganamu akka cimsu gochuuf mala gurmaa'insaa walitti hidhame diriirsuu

Kutannoo 4

Namoonni fi hawaasni deeggarsa namoota ykn naannoo irratti miidhaa hin geessisne ni argatu.

Ulaagaalee:



4.1

Dhiibbaa hamaa sagantaaleen namootaa fi hawaasa irratti fiduu danda’anii fi qabatamaa ta’an adda baasuu, ittisuu, salphisuu fi furuu.

4.2

Dhiibbaa hamaa sagantaaleen naannoo irratti geessisuu danda’anii fi qabatamaa ta’an adda baasuu, ittisuu, salphisuu fi furuu.

4.3

Bulchiinsa daataa fi odeeffannoo nageenya qabu, naamusaa fi bu’a qabeessa ta’een balaa namootaa fi hawaasaaf dhufu xiqqeessuuf muuxannoo gaarii eegumsa daataa beekamtii qabuun ni taasisa.

4.4

Dhaabbatichi haala nageenya, nageenya, mirgaa fi ulfina namootaa fi hawaasaa eeguun akka hojjetuu fi faayidaa fi miidhaa gosa hunda, kanneen akka saal-qunnamtii, miidhaa fi doorsisa dabalatee, hojjetootaa fi tola ooltotaan gocha gaarii beekamtii argateen walsimuun akka hojjetu gochuuf mala jaarmiyaa walitti hidhame diriirsuu.

4.5

Dhiibbaa hamaa naannoo dhaabbatichaa fi hojiin isaa muuxannoo gaarii beekamtii qabuun walsimu hir’isuuf mala jaarmiyaa walitti hidhame diriirsuu.

Kutannoo 5

Namoonni fi hawaasni yaaddoo fi komii karaa nagaatiin gabaasuu fi furmaata argachuu danda’u



5.1

Ulaagaalee:

Gareen hawaasa tokko keessa jiran hundi yaada kennuu fi yaaddoo fi komii karaa gaarii ta’ee fi beekamtii qabuun gabaasuuf, karaa naga qabeessaa, dhaqqabamaa fi mijaawaa ta’e karoorsuu fi hojiirra oolchuu.

5.2

Namoonni fi hawaasni akkamitti hojjettoonni fi tola ooltonni amala miidhaa geessisan, kanneen akka saalqunnamtii fayyadamuu fi miidhaa, fi doorsisa ittisuuf socho’uu akka qaban hubachuu isaanii yeroo yeroon hordofuu.

5.3

Namoonni, hawaasni fi qooda fudhattoonni dhimmi ilaallatu biroo yaaddoo fi komii akkamitti akka gabaasan, akkasumas akkamitti akka furaman hubachuu isaanii yeroo yeroon hordofuu.

5.4

Komii muuxannoo gaarii beekamtii qabuun walsimsiisuun bulchuu, qorachuu, furuu fi/ykn sirnaan erguu.

5.5

Komii fi gabaasa gocha badaa kamiyyuu, fayyadamuu, miidhaa fi doorsisa dabalatee, qorachuu fi furuuf mala miidhamaa/nama lubbuun hafe giddugaleessa godhate sirrii ta’e hojiirra oolchuu.

5.6

Yaaddoo fi komii kamiyyuu simatamuu fi yeroo fi haala sirrii ta’een akka hojjetamu mala gurmaa’insaa walitti hidhame diriirsuu.

Kutannoo 6

Namoonni fi hawaasni deeggarsa dabalataa fi qindaa'aa argachuu.

Ulaagaalee::



6.1

Hojiin dhaabbatichaa tarkaanfiiwwan naannootti hoogganaman fi hawaasa irratti hundaa'an, fi kan qooda fudhattoota dhimmi ilaallatu waliin qindaa'ee ta'uu isaa mirkaneessuu.

6.2

Raawwatoonni hojii sadarkaa hojii hunda keessatti argamaan Kutannooleen qulqullinaa fi itti gaafatamummaan namootaa fi hawaasaaf hojiirra akka oolchan deeggaruu qabu.

6.3

Qulqullinaa fi bu'a qabeessummaa hariiroo hiriyoota gidduu jiru yeroo yeroon madaaluu fi yeroo barbaachisaa ta'etti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu.

6.4

Walta'iinsii fi murtii haqa qabeessa ta'e kennuu fi qabeenya qoddachuuf kutannoo irratti kan hundaa'e ta'uu isaa mirkaneessuu fi amala, gahee fi itti gaafatamummaa tokkoon tokkoon michuu kabajuu mala gurmaa'insaa walitti hidhame diriirsuu.

Kutannoo 7

Namoonni fi hawaasni deeggarsa yaadaafi barumsa irratti hundaa’uun itti fufiinsaan taasifamu fi fooyya’u argachuu qabu.

Ulaagaalee:



7.1

Yeroo yeroon yaada fi galtee namootaa fi hawaasa irraa waa’ee dhaabbatichaa fi hojii isaa oddeeffanno sassaabuu fi deebii kennuu.

7.2

Murtee kennuudhaaf ragaa addaan baafame kan garaagarummaa namootaa fi hawaasaa calaqqisiisuu fi karaa gaaffii isaan irraa dhufu qindeessuun walitti qabuu.

7.3

Murtee qajeelchuuf, akkasumas sagantaalee fi akkaataa hojii dhaabbatichaa fooyyessuuf daataa hordoffii, yaada deebii, komii fi barumsa irraa argamu fayyadamuu.

7.4

Xiinxala fi barumsa yaada fi hordoffii irraa argamee akkasumas jijjiirama kanaan walqabatu kamiyyuu namootaa fi hawaasa dhaabbatichaan gargarsaa argatanii fi qooda fudhattoota dhimmi ilaallatuuf qoodu.

7.5

Qulqullinaa fi itti gaafatamummaaf Kutannoo galame haala gaariin guutuuf mala gurmaa’insaa walitti hidhame kan barachuu fi fooyya’iinsa gochootaa fi akkaataa hojii itti fufiinsa qabu diriirsuu

Kutannoo 8

Namoonni akkasumaas hawaasni hojjetootaa fi tola ooltota kabajamoo, gahumsa qabanii fi haala gaariin bulfaman waliin walqunnamuu.

Ulaagaalee:



8.1

Hoggansi, hojjettoonni fi tola ooltonni aadaa qulqullinaa fi itti gaafatamummaa dhaabbataa guddisu qabu.

8.2

Haala hojii nageenya qabuu fi hunda hammate uumuu, iiddo hojii; nageenya, fayyaa fi kabaja hojjetootaa fi tola ooltota hunda mijatu uumuu

8.3

Hojjettoonni fi tola ooltonni hundi gahee fi itti gaafatamummaa isaanii bu'a qabeessaa fi bifa itti gaafatamummaan guuttameen ba'uuf deeggarsa, dandeettii fi gahumsa barbaachisaa ta'e akka qabaatan taasisu..

8.4

Hojjettoonni fi tola ooltonni hundi yoo xiqqaate namusa hojii akka hubataniifi akka hordofan gochuu. bifa kamiinuu miidhaa ykn loogii namoota irratti raawwatamu ykn qabeenya kamiyyuu karaa sirrii hin taane fayyadamuu dhork

8.5

Hojjettoonni fi tola ooltonni hundi yaaddoo kaasuu namusa badaa akka gabaasan karaan nageenya qabu, iccitii fi dhaqqabamaa ta'e akka jiru mirkaneessuu, warra gabaasa dhiyeessaniif eegumsa barbaachisaa ta'e qabaachuu

8.6

Gocha badaa hojjetootaa fi tola ooltota hunda furuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e yeroon fudhachuu, muuxannoo gaarii beekamtii qabuun walsimu.

8.7

Muuxannoo gaarii beekamtii qabuun fudhachuun Mala dhaabbata walitti hidhamee diriirsuu humni namaa haala haqa qabeessa, loogii hin qabnee fi iftoomina qabuun bu'a qabeessa ta'ee akka hoogganamu taasisu.

Kutannoo 9

Namoonni fi hawaasni Qabeenyi naamusaan fi bifa itti gaafatamummaa qabuun akka hoogganamu taasisuu.



Ulaagaalee:

- 9.1 Kutannoolee dhaabbatichi qabu galmaan gahuuf dandeettii fi qabeenya gahaa ta'e jiraachuu mirkaneessuu.
- 9.2 Muuxannoowwan gaarii fi beekamtii qaban irratti hundaa'uun Qabeenya maallaqaa itti gaafatamummaa fi seeraan bulchuu.
- 9.3 Maallaqa walitti qabuun, qabeenya walitti qabuun, fi ramaddiin maallaqaa naamusa kan qabuu fi Kutannoo fi gatii dhaabbatichaa kan hin hubne ta'uu isaa mirkaneessuu.
- 9.4 Qabeenya bulchuu fi itti fayyadamuun kaayyoo yaadame galmaan ga'uuf, qisaasama fi dhiibbaa naannoo irratti dhufu xiqqeessuu.
- 9.5 Malaammaltummaa dabalatee balaa sadarkaa dhaabbatichaa hundatti mul'atu adda baasuu, ittisuu fi bulchuu.
- 9.6 Hanna, qabeenya sirnaan fayyadamuu fi waldhabdee dantaa, akkasumas kanneen adda baafaman tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu..

Qabeenyi gahumsaan, bu'a qabeessaa fi naamusaan akka hoogganamu mala gurmaa'insaa walqabataa diriirsuu CHS

Himannaa Itti fayyadama CHS ilaalchisee dhiyaatu

Namni dhuunfaa ykn dhaabbati namootaa fi hawaasa haala rakkoo fi saaxilamummaa keessatti gargaaru kamiyyuu CHS akka fayyadamuu fi fudhachuuf jajjabeeffama akkasumas akkas jechuu danda'a: "Nutii gara hojiirra oolmaa CHS hojjechaa jirra." Himannaan biroo Istaandardichaan walsimsiisuun ykn walsimsiisuun walqabatee dhiyaachuu kan danda'u adeemsa mirkaneessuu beekamtii qabuu fi kaayyoo qabuun qofa ta'uu danda'a.

JECHOOTA

CHS tiif hiikan jechoota armaan gadii hojiirra ni oolu:

Itti gaafatamummaa: adeemsa aangoo itti gaafatamummaadhaan itti fayyadamuu, fi qooda fudhattoota adda addaa, adda durummaan kanneen hojiirra oolmaa aangoo akkasiitiin miidhaman tilmaama keessa galchuu fi itti gaafatamuu. Itti gaafatamummaa jechuun namootaa fi hawaasa dhimmoota irratti murtoo giddu galeessa godhachuu jechuudha

kanneen isaan ilaallatu, akkuma Kutannoo sagal CHS keessatti ibsametti.

Heddumina: namoota gidduu garaagarummaa eenyummaa, muuxannoo, ilaalchaa fi amala jiraachuu isaati amanuu. Garaagarummaan kunniin wantoota akka sanyii, gosa, saala, umrii, fedhii saalaa, haala hawaas-dinagdee, dandeettii/qaama miidhamummaa, amantaa amantii fi seenaa aadaa kan hammatu ta'uu danda'a, garuu kanneen kanaan qofa kan daangeffaman miti.

Mirkaneessuu: Kutannoo galuun akka raawwatamaa jiru mirkaneessuuf gamaaggamni keessoo, to'annoo fi to'annoo dhaabbatichi sadarkaa tokko tokko akka jiru agarsiisa.

Walqixummaa: haala namoonni dhuunfaa ykn gareen itti jiran fi akka fedhii addaa qabaniin haqaan kan ilaalamu ta'uu qaba.

Mala dhaabbata walitti hidhame hundessuu: malawwan caaseffamaa fi sirna qabeessa dhaabbata tokko keessatti galmoota galmaan ga'uuf fudhataman, muuxannoowwan gaarii irratti hundaa'uun guutuu dhaabbatichaa keessatti wal irraa hin cinne kan hordofamanii fi fedhii isaa wajjin kan walsimu.

Hammatamuu: naannoo fi fedha raawwi hirmaannaa guutuu namoota dhuunfaa sadarkaa adda addaa fi eenyummaa adda addaa qaban kabaju, gatii fi deeggaru uumuuf itti yaadanii fi dursanii tattaaffii taasifamu.

Adda baasii guddaa: namni dhuunfaa kamiyyuu haala kamiyyuu loogummaa eenyummaa, muuxannoo, ilaalchaa fi amala irratti hunda'eef saaxilamuu hin qabu.

Dhaabbata: : qaama ykn nama dhuunfaa qabeenya fi Kutannoo qabu hojiirra oolchuuf CHS hundeeffameedha. Kunis caasaa hawaasa irratti hundaa'e, dhaabbata hawaasa sivilii, dhaabbata tola ooltummaa ykn bu'aa hin arganne, dhaabbata damee dhuunfaa, ykn abbaa taayitaa mootummaa, dhaabbilee idil-addunyaa, konsortii ykn qaamolee biroo sadarkaa biyya keessaa, biyyaalessaa ykn idil-addunyaatti hojjetan kan hammatu fi kkf dha.

Hirmaannaa: adeemsa fi hojiiwwan namootaa fi hawaasni adeemsa murtii kennuu isaan ilaallatu hunda keessatti gahee cimaa akka taphatan taasisan. Hirmaannaan hiika qabu gareewwan hunda kan hammaatu yoo ta’u, kanneen baay’ee saaxilamoo fi adda bahan dabalatee akkasumas akkaataa fedhii fi filannoo addaa namootaatiin kan gurmaa’edha. Hirmaannaan fedhii ofiitiin kan raawwatamudha.

Namootaa fi hawaasa haala rakkoo fi saaxilamummaa keessa jiran: waliigala dubartoota, dhiirota, shamarranii fi ijoollee dhiiraa fedhii, saaxilamummaa fi dandeettii adda addaa qaban kanneen balaa, walitti bu’iinsa, hiyyummaa ykn rakkoo fi qormaata birootiin miidhaman.

Adeemsa: gochoota, meeshaalee fi qabeenya hojii ykn galma murtaa’e tokko karaa walsimaa fi gahumsa qabuun galmaan ga’uuf barbaachisan. Isaan kun haalaafi wantoota akka guddinaa fi dandeettii dhaabbata tokkoo irratti hundaa’uun xiqqaa fi guddaan sirnaawaa ta’uu danda’u.

Qulqullina: tuuta amala deeggarsa namootaa fi hawaasaaf kennamu fedhii fi ejjennoo isaanii kan ibsame ykn ibsame akka guutu fi kabaja namootaa kan kabaju ta’uu isaa mirkaneessu.

Dandeettii dandamachuu: dandeettii namni dhuunfaa ykn hawaasni balaadhaaf saaxilame yeroo fi bu’a qabeessa ta’een bu’aa balaa tokko ofirraa ittisuu, xuuxuu, keessummeessuu fi irraa dandamachuu.

Qabeenya: dhaabbatichi ergama isaa raawwachuuf maal akka barbaadu, qabenya uumamaa, namaa, maallaqaa, kaappitaalaa, teeknooloojii fi odeeffannoo kan dabaltu fin isaan kanneenqofatti kan hin dangeffamneedha.

Mirgoota: mirga namumman kabajaan jiraachuu, mirga deggersaa fi gargaarsa argachuu isaanii fi mirga eegumsaa fi nageenya argachuu isaanii, akka Chaartara Namoomaa keessatti ibsametti.

Hojjetootaa fi tola ooltota: bakka bu’aa dhaabbata tokkoo kan mudame kamiyyuu, bulchiinsa fi hoggansa dabalatee, hojjetoota dhaabbataa ykn yeroo gabaabaa fi gorsitoota.

Deeggarsa: hojii ykn sochii dhaabbati tokko kaayyoo galmaan ga’uuf, fedhii furuuf ykn qormaata mo’uuf namootaa fi hawaasaaf kennu ykn qoodu kamiyyuu.



Core Humanitarian Standard

Istaandardiin Qulqullinaa fi Itti Gaafatamummaa Namoomaa Ijoo (CHS) dhaabbileen namootaa fi hawaasa rakkoo fi saaxilamummaan miidhaman karaa mirgaa fi kabaja isaanii kabajuun akka deeggaran gochuuf Kutannoo sagal kaa'a rakkoo isaan mudataniif furmaata barbaaduu keessatti gahee jalqabaa qabu.

chs@chsalliance.org

www.corehumanitarianstandard.org